Maqaa Ejensii Tajaajilaa

Teessoo

# JI'A DABALATAA PIRIMEEMII MINNESOTACARE

Guyyaa fi Sa'aatii

Maqaa Iyyataa

Teessoo

Lakkoofsa Dhimmaa:

| Guyyaa Xumuraa: | Hamma Kaffaltii Ammaa: | Kaffaltii Waliigalaa Kaffalamu: |
|---|---|---|
| AMMA | $0.00 | $0.00 |

Miseensoota MinnesotaCare: Maqaa Galmee

---

| Ji'a Uwwisaa | Hamma Pirimeemii | Guyyaa Xumuraa | Hamma Kaffalame | Haftee Kaffaltii |
|---|---|---|---|---|
| Ji'aa/Waggaa | $0.00 | AMMA | $0.00 | $0.00 |

Uwwisa JI'AA kaffaltii Pirimeemii MinnesotaCare keessan hin arganne. Ji'a dabalataa keessa waan jirtaniif hanga dhuma JI'AATTI uwwisa ni argattu. Yoo kaffaltiin keessan guutummaatti guyyaa hojii xumura JI'AA, hanga walakeessa guyyaatti nu qaqqabe, tajaajilli itti fufa. Guyyaa hojii dhuma ji'ichaatti kaffaltiin pirimeemii keesssan guutummaa guutuutti yoo hin arganne, tajaajilli keessan xumura JI'AATTI ni xumurama akkasumas uwwisa keessan gidduutti garagarummaan ni jiraata. Yoo uwwisni keessan dhaabbate, uwwisni keessan erga kaffaltii pirimeemii ji'a dabalataa fi pirimeemii tajaajila ji'a fuulduraa kaffaltanii booda guyyaa jalqaba ji'aatti ni eegala. Seerota Minnesota, Kutaa 256L.06, Keeyyata 3, keeyyata xiqqaa (d) ilaalaa.

Waa'ee pirimeemii MinnesotaCare gaaffii yoo qabaattan gara deeggarsa DHS Health Care tti bilbilaa. Bilbila: Metro: 651-297-3862 Outstate: 800-657-3672

---

Filannoo kaffaltii ilaalchisee fuula itti aanu ilaalaa ==>

Ji'a Dabalataa Pirimeemii

Maqaa Galmee

LakkoofsaDhimmaa:
Lakkoofsa Hojjetaa:
Lakkoofsa Biilii:
Hamma Kaffaltii: $
Guyyaa Xumura Kaffaltii: AMMA

MinnesotaCare
PO BOX 64834

ST. PAUL, MN 55164-0834

Cheekiin MinnesotaCare tiif akka kaffalamu gochuu.

Hamma Kaffalame: $

Odeeffannoo kana bifa **salphaa** ta’een ykn **tajaajila** namoomaa walqixaa argachuuf, DHS.info@state.mn.us, irratti bareessaa, **800-657-3739** bilbilaa, ykn **tajaajila** rileeyii keessan fayyadamaa.

## Uwwisa Kessan Jalqabuu

Uwwisii keessan guyyaa jalqaba ji’a itti aanuuakka jalqabuuf kaffaltii pirimeemii keessan guyyaa hojii dhumaa ji’aa, hanga walakkeessaa guyyaatti nu dhaqqabuu qaba. Seerota Minnesota, Kutaa 256L.06, Keeyyata 3 ilaalaa.

## Uwwisa Keessan Itti Fufuu

Uwwisi MinnesotaCare keessan erga jalqabee booda, ji’a ji’aan biilii ni argattu. Kaffaltiin MinnesotaCare keessan ji’a ji’aan gaafa guyyaa 15 kaffalamuu qaba. Pirimeemii keessan walakeessa guyyaa hojii xumuraa ji’aatti yoo hin kaffalle, uwwisni keessan ji’a dabalataa tokkoof itti fufa. Kun ji’a dabalataati. Uwwisni keessan akka itti fufuuf guyyaa hojii dhumaa ji’a dabalataa hanga walakkeessa guyyaatti pirimeemii kanaan duraa kaffaluu qabdu. Kaffaltii keessan guyyaa hojii dhumaa ji’a dabalataa walakkeessa guyyaatti yoo nu hin qaqqabne, tajaajilli keessan guyyaa xumura ji’a dabalataatti ni dhaabbata. Seerota Minnesota, Kutaa 256L.06, Keeyyata 3, keeyyata xiqqaa (d) ilaalaa.

Yoo baankiin cheekii keessan osoo hin kaffaliin deebise, pirimeemii keessan hin kaffalle jechuudha. Cheekii keessan deebi’e cheekii qarshii qaba/bdu, ajaja maallaqaa ykn maallaqa calladhaan bakka buusuu qabdu. Kaffaltiin maallaqa callaa qaamaan qofaa raawwatama. Maallaqa callaa poostaadhaan hin ergiinaa. Seerota Minnesota, Kutaa 256L.06, Keeyyata 3, keeyyata xiqqaa (d) ilaalaa.

## Miseensoota Kanneen Kaffaltii Pirimeemii hin kaffalle

Miseensonni MinnesotaCare tokko tokko kaffaltii pirimeemii hin kaffalan. Kanneen armaan gadii dabalata:

- Maatii galiin isaanii dangaa hiyyummaa federaalaa dhibbeentaa 35 gadi ta’e
- Miseensoota waraanaa dirqama sochii isaanii erga xumuranii ji’oota 24 keessatti MinnesotaCare’f ulaagaa guutanii fi maatii isaanii. Miseensonni MinnesotaCare kun ji’oota 12f kaffaltii pirimeemii hin kaffalan
- Lammiilee Hindii Ameerikaa fi Dhalattoota Alaskaa fi maatii isaanii
- Ijoollee umurii 21 gadii

## Pirimeemii MinnesotaCare keessan akkamitti akka kaffaltan

Toora interneetiin, bilbilaan, poostaadhaan ykn qaamaan kaffaluu dandeessu.

1. Toora interneetii: http://payments.dhs.state.mn.us. Gosti kaffaltii fudhatama qaban kanneen akka Kireedit Kaardii (VISA fi MasterCard), Deebiit Kaardii ykn cheekii elektirooniksii dha.
2. Bilbilaan: 800-657-3672 irratti bilbiluudhaan filannoo sirrii baafata bilbilaa keessaa filadhaa. Gosti kaffaltii fudhatama qaban kanneen akka Kireedit Kaardii (VISA, MasterCard ykn Discover), Deebiit Kaardii ykn cheekii elektirooniksii dha.
3. Poostaadhaan: Cheekiin ykn ajaja maallaqa fi waraqaa kaffaltii walitti qabame sana poostaa teessoo mataa keessanii qabu kan herrega keessan waliin dabalame fayyadamuun poostaadhaan ergaa. Lakkoofsa dhimmaa keessan cheekii ykn ajaja maallaqaa keessan irratti barreessaa.
4. Qaamaan: Kaffaltii keessan gara Minnesota Department of Human Services teessoo kana irratti tarreeffameetti fidaa. Maallaqaa callaa kaffaluu yoo barbaaddan hamma maallaqaa sirrii qabaachuu qabdu. Qarshii qabaan jijjiirraa hin qabu.

   Wiixataa hanga Jimaataatti sa’aatii 8:00 w,d. hanga 5:00 w,b.tti qaamaan argamuun kaffaluu dandeessu.

   Department of Human Services<br>
   MinnesotaCare<br>
   540 Cedar Street<br>
   St. Paul, MN 55101

Yeroo cheekiidhaan kaffaltan, kanneen armaan gadii keessaa tokko akka hojjennu heyyama nuuf kennitu: 1) odeeffannoo cheekiin keessan irraa argamu fayyadamuun herrega keessan irraa maallaqa elektirooniksii yeroo tokkoof dabarsuu ykn 2) kaffaltii akka daddabarsa cheekiitti adeemsisuu. Yeroo odeeffannoo cheekiin keessan irraa fayyadamuudhaan jijjiirraa maallaqaa elektirooniksii raawwannu, akkuma kaffaltii keessan fudhanneen maallaqni baafamuu danda’a, kanaafuu cheekii keessan dhaabbata faayinaansii keessan irraa deebitanii hin argattan. Gaaffii ykn yaaddoo yoo qabaattan, MinnesotaCare naannoo metro Twin Cities 651-297-3862 irratti ykn bilbila bilisaa Twin Cities ala 800-657-3672 irratti bilbiluudhaan qunnamaa. Yookiin tajaajila rileeyii filattan fayyadamaa.

Odeeffannoo dabalataaf marsariitii keenya<br>
https://mn.gov/dhs/minnesotacare daawwadhaa

## Mirga Ol’iyyannoo

Ol’iyyannoo jechuun yeroo abbaan murtii tajaajila namaa murtii dhimma MinnesotaCare keessan irratti kenname akka ilaalu barreeffamaan gaafattanidha. Tarkaanfii nuti fudhannu irratti yoo walii hin galle ol’iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Tarkaanfii waa’ee tajaajila keessanii ykn kaffaltii pirimeemii keessaniif ol’iyyannoo dhiyeessu dandeessu. Guyyaa kaffaltii pirimeemii ykn beeksisa haqinsa tajaajilaa fudhattan irraa eegalee guyyoota 30 keessatti ol’iyyannoo dhiyeessu qabdu. Kanneen armaan gadii keessaa kamiyyuu gochuudhaan gaaffii ol’iyyannoo dhiyeessu dandeessu:

- herrega keessan ww.mnsure.org irra jiru seenuudhaan.
- Giddugala Quunnamtii MNsure 855-366-7873 irratti bilbiluudhaan
- gaaffii ol’iyyannoo keessan MNsure tti poostaadhaan gara, 81 Seventh Street East, Suite 300, St. Paul, MN 55101-2211 ykn gara DHS Appeals Division, P.O. Box 64941, St. Paul, MN 55164-0941 tti ergaa
- unka toora interneetii https://edocs.dhs.state.mn.us/lfserver/Public/DHS-0033-ENG-eform irratti argamu guutuu fi galchuu
- qaamaan Minnesota Department of Human Services, Information Desk, 444 Lafayette Road North, St. Paul, MN 55155 jiru daawwadhaa

Guyyaa kaffaltii pirimeemii ykn beeksisa haqinsa tajaajilaa irraa eegalee yoo daftanii ol’iyyannoo dhiheessuu dhabuu keessaniif sababa qubsaa qabattan, hanga guyyoota 90tti ol’iyyannoo dhiyeeffachuu ni dandeessu.

## Itti Fufiinsa Faayidaa Keessanii

Yeroo ol’iyyannootti faayidaan ofumaan akka itti fufuuf, iyyannoo lamaan isaa dhiyeessuu fi beeksisa haqinsa uwwisaa irratti yeroo murtaa’etti pirimeemii yeroon isaa darbe hunda kaffaluu qabdu. Faayidaan keessan akka itti fufu yoo hin barbaanne karaa barreeffamaan DHStti himaa.

Barbaachisaa: Yoo ol’iyyannoo keessaniin mo’amtan, yeroo ol’iyyannoo keessan hin xumuramnetti faayidaa argattan deebiftanii kaffaluu dandeessu ta’a.

Hanga ol’iyyannoon murtaa’utti pirimeemii kaffaluu itti fufuu qabdu. Seerota Minisootaa, kutaa 256L.06, keeyyata 3 ilaalaa.

Waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessanii irraa gorsa seeraa bilisaa argachuu ykn iyyannoo irratti gargaarsa argachuu dandeessu ta’a. Waajjira gargaarsa seeraa naannoo keessanii qunnamuuf, lakkoofsota kana keessaa tokko irratti bilbilaa:

- Kaawuntii Hennepin 612-334-5970
- Kaawuntii Ramsey 651-222-4731
- Kaawuntii biroo hundumaa: 888-354-5522 (bilbila-bilisa)

# Beeksisa Mirga hawaasummaa

Loogiin seera cabsuudha. Minnesota Department of Human Services (DHS) kanneen armaan gadii kamiyyuu irratti bu'uureffachuun loogii hin godhu:

* sanyii
* bifa
* madda sabaa
* ilaalcha siyaasaa
* amantii
* Ilaalcha Amantaa
* fedhii saalaa
* haala deeggarsa hawaasaa
* haala gaa'ilaa
* umurii
* qaama miidhamummaa
* saalaa (ilaalcha saalaa fi eenyummaa koorniyaa dabalatee)

## Odeeffannoo Deeggarsaa fi Tajaajiloota:

Carraa walqixaa sagantaa eegumsa fayyaa keenya irratti hirmaachuu mirkaneessuuf, DHS gargaarsaa fi tajaajila gargaaraa, kan akka turjumaana gahumsa qaban ykn odeeffannoo dhaqqabamaa ta'een kaffaltii malee yeroodhaan ni kenna. Deeskii Gargaarsa Miseensoota Minnesota Health Care Program (MHCP) dhs.info@state.mn.us ykn 800-657-3739 irratti qunnamaa, ykn tajaajila rileey filattan fayyadamaa.

## Tajaajila Gargaarsa Afaanii:

DHS tajaajiloota sanadoota hiikaman dhiyeessuu fi afaan dubbatamu, kaffaltii malee yeroodhaan hiikuu,yeroo tajaajilli gargaarsa afaanii barbaachisaa ta'etti, namoonni Afaan Ingiliffaa dubbachuu hin dandeenye odeeffannoo fi tajaajila keenya akka argatan dandeessisuudhaaf ni kenna. Deeskii Gargaarsa Miseensoota Minnesota Health Care Program (MHCP) dhs.info@state.mn.us ykn 800-657-3739 irratti qunnamaa, ykn tajaajila rileeyii filattan fayyadamaa.

---

# Komiiwwan mirga Siviilii

Dhaabbata tajaajila namoomaatiin loogiin isin irratti raawwatamuu isaa yoo amantan, himannaa loogii dhiyeessuuf mirga qabdu. Komii loogii dhiyeessuuf kallattiin dhaabbilee sadan armaan gadii keessaa tokko qunnamuu dandeessu.

## U.S. Department of Health and Human Services' waajjira Mirgoota Hawaasummaa (OCR)

Sababoota armaan gadii kamiinuu loogiin isin irra gahuu isaa yoo amantan, komii keessan OCR, dhaabbata federaalaatti dhiyeeffachuuf mirga qabdu:

* sanyii
* bifa
* madda sabaa
* umurii
* qaama miidhamummaa
* saala

Komii dhiyeessuuf, kallattiin OCR qunnamaa:

Director, U.S. Department of Health and Human Services'
waajjira Mirgoota Siivilii (OCR)
200 Independence Avenue SW, Room 509F
HHH Building
Washington, DC 20201
800-368-1019 (voice) 800-537-7697 (TDD)
Poortala Komii:
https://ocrportal.hhs.gov/ocr/portal/lobby.jsf

## Minnesota Department of Human Rights (MDHR)

Minisootaa keessatti, sababoota armaan gadii kamiinuu loogiin isin irra gahuusaa yoo amantan MDHRtti himachuuf mirga qabdu:

* sanyii
* bifa
* madda sabaa
* qaama miidhamummaa
* amantii
* amantii
* saala
*fedhii saalaa
*haala gaa'ilaa
*haala deeggarsa hawaasaa

Komii dhiyeessuuf, kallattiin MDHR qunnamaa:

Minnesota Department of Human Rights
Freeman Building, 625 North Robert Street
St. Paul, MN 55155
651-539-1100 (voice) 800-657-3704 (bilbila -bilisa)
711 or 800-627-3529 (MN Rileeyii)
651-296-9042 (fax) info.MDHR@state.mn.us (iimeelii)

## DHS

Sababoota armaan gadii kamiinuu sagantaa kunuunsa fayyaa keenya keessatti loogiin isin irra gahuu isaa yoo amantan DHS tti komii keessan dhiyeeffachuuf mirga qabdu:

* sanyii
* amantaa
* Bifa
* ilaalcha siyaasaa
* amantii
* fedhii saalaa
* umurii
* madda sabaa
* haala gaa'elaa
* qaama miidhamummaa
* saala (ilaalcha fi eenyummaa koorniyaa dabalatee)
* haala deeggarsa hawaasaa

Komiin guyyaa loogiin isin mudate irraa eegalee guyyoota 180 keessatti barreeffamaan dhiyaachuu qaba. Komiin kun maqaa fi teessoo keessan qabaachuu akkasumas komii loogii isin dhiyeessitan ibsuu qaba. Komii keessan erga argannee booda qorachuuf aangoo qabaachuu fi dhiisuu keenya barreeffamaan isin beeksifna. Yoo aangoo isaa kan qabnu ta'e, komii dhiyaate ni qoranna.

DHS bu'aa qorannoo barreeffamaan isin beeksisa. Murtii kenname irratti walii hin galle yoo ta'e, bu'aa kenname irratti ol'iyyannoo dhiheessuuf mirga qabdu. Ol'iyyannoo dhiheessuuf, DHS bu'aa qorannoo akka ilaaluuf gaaffii barreeffamaa erguu qabdu. Maaliif murtoo kenname irratti akka waliif hin galle bifa gabaaba ta'een ibsaa. Odeeffannoo barbaachisaadha jettanii yaadan itti dabalaa.

Yoo haala kanaan komii dhiheessitan, namoonni ejensii himannaa keessatti maqaan isaa ibsame keessa hojjetan haaloo isinirratti bahuu hin danda'an.
Kana jechuun iyyannoo dhiheessitaniif karaa kamiinuu isin adabuu hin danda'an jechuudha. Haala kanaan komii dhiyeessuun furmaata seeraa ykn bulchiinsaa biroo argachuu irraa isin hin dhorku.

Komii loogii dhiyeessuuf, kallattiin DHS qunnamaa:

Civil Rights Coordinator
Minnesota Department of Human Services
Equal Opportunity and Access Division
P.O. Box 64997
St. Paul, MN 55164-0997
651-431-3040 (sagalee) ykn tajaajila rileeyi filattan fayyadamaa